

IFA MANA QULQULLUMMAA KEESSAA
Barnoota 8ffaa Caamsaa 25, 2024



Wanta dubbannu keessaa, "Nuyi angafa lubootaa isa bantii waaqaa keessatti, gara mirga teessoo Waaqayyoo surra-qabeessaa taa'e akkasii qabna" isa jedhutu hunduma irra caala. Inni godoo qulqullaa'aa sana keessatti, godoo namni dhaabe utuu hin ta'in, godicha isa dhugaa Waaqayyo gooftaan dhaabe sana keessatti, angafa lubootaa ta'ee in hojjeta. Ibr. 8:1,2

Yeroo Yesuus akka raajii torban 70 fi guyyoota 2,300 tti, hin deebi'in hafe, raajii sana keessa deebi'uun barbaachisaa ture. Waan armaan gadiis argatan:




Qulqulleeffamuun Mana Qulqullummaa dhufaatii Yesuus isa lammataa hin turre. Erga Daniel 8:14 fi murtiin Daniel 7:9-10 taatee tokko jedhamee labsamee, mana qulqullummaa maaliitu qulqulleeffamuu barbaachiseree? Karaa biraatiin, bara 1844 tti himata maaliitu ilaalamuu jalqabe?

- Mana Qulqullummaa.
- Qulqulleeffamuu.
- Murtii.
- Araaraa fi Haqa.
- Abookaattoo fi Araarsaa.

# MANA QULQULLUMMAA ISA DHUGAA

"Inni godoo qulqullaa'aa sana keessatti, godoo namni dhaabe utuu hin ta'in, godicha isa dhugaa Waaqayyo gooftaan dhaabe sana keessatti, angafa lubootaa ta'ee in hojjeta." — Ibr. 8:2

Manni Qulqullummaa inni qulqulleeffamu, biyya lafaa miti erga ta'ee, maaliree?

MQ qayyabachuudhaan, abdii kutannaa 1844 booda, Adveentistoonni manni qulqullummaa lama akka ture bira gaa'an:





- Mana Qulqullummaa isa lafarraa, gaaddidduu isa dhugaa kan ta'e (Ibr. 8:5)
- Mana Qulqullummaa isa samii, Waaqayyo Ofii Isaatii kan ijaare (Ibr. 8:2)

Manni Qulqullummaa inni jalqabaa, inni hanga bara 70tti duukaa bu'amaa ture, fakkeenya isa Museetti agarsiifameen ijaarame (Bau. 25:40). Isaan keessatti, Hoolaa Isa Dhugaa fi Angafa Lubaatu, Yesuustu bakka bu'ee argama (Yoh . 1:36; Ibr. 4:14).



Jalqaba, yakka cubbuu keenyaa nurraa fuudhuudhaaf, Yesuus aarsaa of godhe. (Rom. 5:8); lammata irratti, bakka keenya bu'ee nuuf araarsa, olaantummaa cubbuu irraa walaba nu gochuuf, akkasuma fayyina keenya nuuf mirkaneessuuf (Ibr. 7:25).





# QULLEEFFAMUU MANA QULQULLUMMAA

“Inni akkasitti sababii xuraa'ummaa, irra-daddarbaa fi cubbuu namoota Israa'el hundumaaf, iddoon inni qulqullaa'aan sun akka hin xuroofne in godha;” — Lew. 16:16a



Yooma, Israa’elonni aarsaa isaanii dhiheessuudhaan dhiifama argatu ta’ellee, yakki isaanii mana qulqullummaatti “darba” ture. Kanaaf, qulqulleeffamuun isaa barbaachisaa dha. Kun guyyaa araaraatti taa’a, har’uma illee Ibroota biratti guyyaa murtii jedhamee beekama.



Namni hundinuu gad of deebisuu qaba (Lew. 23:27)



Guyyaa sana hojiin tokko illee hin hojjetamu (Lew. 23:28)



Angafni lubaa bakka argama Waaqayyo otti ol seena (Lew. 16:12-13)



Bidiruun, golgaanii fi qodaan aarsaa warqee dhiiga korbeessaatiin qulqullaa’a (Lew. 16:15-19, 33)



Korbeessi reettii kan biraan, irra daddarbaa nama hundumaa fuudhee bakka namni hin jiraannetti gatama (Lew. 16:20-22)



Dhuma irratti cubbuu irraa qulleeffamu (Lew. 16:30)

Namni gaafa sana cubbuu irraa qalbii jijjiirrachuudhaan gadi of hin deebifne, “in murama” (Lew. 23:29-30). Qoodni isaa qadaadamee bira darbama. Karaama wal fakkaatuun, qulqulleeffamuun mana qulqullummaa samii yeroo raawwatamu, qoodni keenya qadaadamee bira darbama. Hamma sanatti, har’i guyyaa nuy gad of deebifnu dha, guyyaa nuy murteeffannu dha. (Ibr. 3:14-15).



# MURTII

"Innis sagalee guddaadhaan, "Yeroon firdii isaa waan ga'eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf! Isa waaqa, lafa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!" jedhe."— Mul. 14:7



Akka raajiin jedhutti, qulqulleeffamuun Mana Qulqullummaa Samii, jechuun Firdiin – bara 1844 jalqabe. Erga yeroo sanaa, Waldaan Adveentistii sagalee guddaadhaan, yeroon firdii akka dhihaate labsaa jirti, kanaaf namni hundinuu Waaqayyoon akka waaqessu, akka abboommii Isaatti akka jiraatuuf waamicha gooti.



Garuu, firdiin yeroo Yesuus gara biyya lafaa dhufu mitii kan inni kennamu? (1Seen. bar. 16:33; 2Xim. 4:1)?

Yesuus yeroo dhufu, murtii kenname hojii irra oolcha, gaafa dhufu "nama hundumaaf akka hojii isaatti gatii kennuufiif waan dhufuuf" (Mul. 22:12 ); Warra filaman walitti qabuuf ergamoota Isaa erga (Mat. 24:31); warra Isatti amananis du'aa isaan kaasa (1Tas. 4:16). Warri utuu hin amanin du'an yeroo Yesuus dhufu du'aa hin kaa'an hubadhaa, kanaaf isaan firdii isaanii hin arganne yeroo sana. (Mul. 20:4-5).



# ARAARAA FI HAQA

"yommus teessoon tokko jaalalaan jabaatee in dhaabama; sanyii Daawit keessaas inni amanamaan achi irra in taa'a; inni firdii dhugaa in barbaada, wanta qajeelaas dafee in raawwata." — Isa. 16:5

Abboommiin 10nan bidiruu kakuu keessa kaa'aman, safartuu murtii haqaa Waaqaa bakka bu'a (Lal . 12:13-14 ). Teessoon araaraa seeraa fi argama Waaqaa gidduu jiru sun, araara Waaqaa agarsiisa (1Yoh. 2:1-2).



**Dhiigni Isaa iddoo aarsaa gubamuutti facaa'a.**



Daandiin Mana Qulqullummaa samiitti geessu, aarsaa Yesuusiin fudhachuudhaan jalqaba.

**Dhiigni Isaa iddoo aarsaa ixaanaatti facaa'a.**



Jireenya Kiristoosii wajjin walitti dhufeenya qabuun itti fufa.

**Dhiigni Isaa golgaa, gabatee kakuu fuulduratti argamutti facaa'a.**



Yeroo dhimmi keenya Murtiif dhihaatu xumurama.




Haqni Seeraa wajjin walii galuu gaafata. Araarri, jireenya Yesuus Isa mudaa hin qabne bakka keenya nuuf bu'e fudhata. (1 Phex. 1:18-19). "Biyya lafaa kana keessatti akkuma Kristos jiraatetti jiraachuu keenyaan guyyaa firdiif ija-jabina qabna; kanaan jaalalli Waaqayyoo nu biratti fiixaan ba'uu isaa ti."— 1Yoh. 4:17

# ABUKAATTOO FI ARAARSAA

"Kana irraa kan ka' es, inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf, warra karaa isaa gara Waaqayyootti dhi'aatan hamma dhumaatti fayyisuu in danda'a." — Ibr. 7:25

Jireenyi Yesuus, jaalala Waaqayyoo addunyaa barbaadduu fi yuniversii ilaalutti mul'ate. Du'i Isaa, hammam akka cubbuun jibbisiisu mul'isuudhaan nama hundumaaf fayyina kenne. Mana Qulqullummaa samii keessaa araarsuun Isaa, faayidaa araarsuun qabu nama amantiidhaan itti dhihaatu hundumaaf kennisiisa.







Guutummaa jireenya keenyaa keessattis yeroo murtiittis, Yesuus Abukaattoo keenya. (1Yoh. 2:1).





Hojiin Yesuus Mana Qulqullummaa Samii keessatti hojjetu waan armaan gadii nu barsiisa:

- Hubannaa qulqulluu karoora fayyinaa
- Gaaffii Seera Waaqayyoo
- Gatii fayyina keenyaa isa tilmaama hin qabne
- Daandii gara Abbaatti geessu isa Yesuus bane
- Sodaa malee garaa guutuu Waaqayyotti dhihaachuu danda'uu

Yeroo dhihootti, Murtiin gara xumuraatti dhufa, Yesuus "si'a lammaffaa immoo waa'ee cubbuuf utuu hin ta'in, warra dhimmanii dhufa isaa eeggatan fayyisuudhaaf mul'achuuf jira." — Ibr. 9:28

“Kitaabonni galmee akkuma guyyaa murtiitti banamaniin, jireenyi namoota Yesuusitti amanan hundumaa ilaalamuudhaaf Waaqayyo duratti in dhihaate. Warra jalqaba lafa irra jiraatan irraa jalqabuudhaan, Abukaattoon keenya, dhimma dhaloota itti aanuu itti fufee, namoota lubbuudhaan jiraniin xumura.

Maqaan hundinuu dhahamee, dhimmi hundinuu sirriitti sakattaa’ama. Maqaan fudhatama argatu jira, maqaan hin fudhatamne jira. [...]

Warri dhugaatti cubbuu irraa qalbii jijjiirratanii fi amantiidhaan dhiiga Kiristoos aarsaa isaaniif aarfame godhanii fudhatan, galmee samii irraa maqaan isaanii ‘dhiifameeraaf’ bakka jedhamu jala gala; akkuma isaan qajeelummaa Kiristoos keessaa qooda qabaachaa dhufaniin, amalli isaanii seera Waaqaa wajjin wal simaa adeema, cubbuun isaaniis ni haqama, jireenya bara baraafis kan malanitti lakkaa’amu.”

EGW (The Great Controversy, pg. 483)

“Amma oobdii keessa dhaabbannee, abdii galateeffamaa sana eeggachaa jirra, ulfinaan deebi’ee mul’achuu Gooftaa keenyaa fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos. [...] Abukaattoo keenya ta’ee yeroo nuuf dubbatu, Kiristoos gaarummaa nama kamiis araarsuu nama kamiis hin barbaadu. Inni Isa tokkicha cubbuu baate, Isa tokkicha aarsaa ta’e dha. Kadhannii fi qalbii jijjiirrannaan, gara Isa tokkicha, si’a tokkoo fi hamma dhumaatti Kutaa Isa Hundumaarra caalaa Qulqulluutti seenetti dhihaachuu qaba. Warra gara Isaa dhufan hundumaa Inni in fayyisa. Inni nuuf araarsuudhaaf achi jira.”

EGW (Jesus Our Advocate, November 1)